

HAQA JIRU HUBACHUU.

AMMA
KANNEEN
UMURIIN ISAANII
12+ TA'ANIIF NI
ARGAMA

DAA'IMA KEESSAN EEGAA.



HAWAASA KEESSAN DHIBEE IRRAA EEGADHAA.

Ijoollee fi dargaggoonni talaallii yoo fudhatan fayyummaan isaanii eegamaa ta'a.

Talaalliin kun namni hundinuu, ijoollee fi dargaggoota dabalatee COVID-19n akka hin qabamneef ittisa. Talaalliin kun ijoollee fi dargaggoonni yoo dhibamaniif humnaan olitti akka hin dhukkubsanneefis ni ittisa.

Akaakuu COVID-19 haaraa ta'an, gosa Deltaa, kan salphaatti tatamsa'uu fi mallattoowwan caalmaatti hamaa ta'e geessisuu kan danda'u dabalatee. Talaalliiwwan kunneen gosa dhibeewwan haaraa kanneen akka Delta irraa ni ittisu.

Ijoollee fi dargaggoota talaaluun hawaasa guutummaa eeguu dha.

Namni tokko erga talaalameen booda, carraan inni COVID-19 nama kan birootti dabarsuu isaatii caalmaatti xinnaataa deema. Ijoollonni gahumsa qaban yoo talaalaman, kan inni ittisu:

- Hiriyootea fi maatiiwwan isaanii kanneen hin talaalamin jiran.
- Namoota dhibee COVID-19 tiin baay'isanii dhukkubsachuuf saaxila bahuu danda'an namoota dulloomoo fi namoota rakkoo fayyummaa muraasa qaban.

Ijoollonni fi gaheessonni hedduun talaallii yoo fudhatan, manneen barnootaa fi bakkeewwan daldalaa banaa taasisanii tursuun salphaa ta'a.



FAYYAALESSAA FI BU'A QABEESSA

- Seenaa U.S. keessatti haalli fayyummaa talaallii kan biroon hanga kana hin qoratamne.
- Talaalliin kun sanyiiwwan, lammiiwwan, fi umurii garaa garaa keessatti kan argaman dabalatee ijoollota, dargaggootaa fi gaheeyyiidhaaf fayyaalessa ta'uun isaa mirkaneeffamee jira.
- Talaalliiwwan kun mucaan keessan gaaf tokko ijoollee ofii isaanii akka hin qabaanne waan godhu ragaan tokko illee hin jiru.

NAMA HUNDUMAAF BILISA

- **Haalli immigreshinii** keessanii maal iyyuu yoo ta'e, isinii fi daa'imni keessan talaallii bilisa ta'e fudhachuu dandeessu.
- Isin ykn daa'imni keessan talaallii bilisa ta'e fudhachuuf **waraqaa eenyummaa argisiisuu** ykn **inshuuraansii kan fayyummaa** qabsiisuu hin barbaachisu.

Kan irraa eegamu

Daa'imni keessan talaallii COVID-19 erga argateen booda gara sochiiwwan idilee kanneen akka mana barnootaa hordofuu, ispoortii taphachuu, akkasumas hiriyoottaa fi maatii daawwachuutti nagaadhaan deebi'uu danda'a.



Beelama irratti:

- Narsiin ykn dokteeriin kun daa'ima keessaniif talaallii osoo hin kennin dura waa'ee isaa isinitti himu, seenaa yaalii fayyaa daa'ima keessanii kan gamaaggamanii fi gaaffii yoo qabaattaniifis kan isin gaafatan ta'u.
- Daa'imni keessan rakkoo allarjikkii qabaachuu isaa/ishee adda baasuuf daqqi qaa 15-30 turuu qabu.



Dhukkubbiin salphaa ta'an kan amaleeffatamanii dha.

Dhiibbaa dhukkubbii qabaachuu jechuun daa'imni keessan COVID-19 qaba jechuu miti.

Dhiibbaawwan dhukkubbii jechuun talaalliin kun qaamni daa'ima keessanii akkamiin COVID-19 akka inni lolu kan agarsiisuu dha.

Dhiibbaan dhukkubbii salphaa ta'an kanneen armaan gadii of keessatti qabachuu danda'a:

- Irree harkaa, iddoo talaalliin kun kennamu irratti miira dhukkubbii ykn dhiita
- Miira dadhabbii
- Mataa bowwuu
- Dhukkubbii maashaalee
- Qorrisiisuu
- Dhagna gubaa/leygda
- Nyaata jibbiisuu/ol guuruu

Dhiibbaawwan dhukkubbii kan hamaa ta'e darbee darbee qofa mudata

Talaalliiwwan kun fayyaaleessa dha. Daa'imni keessan talaallii caalmaa infeekshinii COVID-19 tiin kan dhukkubsatu ta'a.

Dargaggoota lakkoofsi isaanii muraasa ta'e qofaa irratti dhiibbaawwan kanneen akka dallansuu onnee (kan 'myocarditis' ykn 'pericarditis' jedhamu) ykn kantaruun dhiigaa quunname.

- Dhiibbaan dhibee hamaa ta'e **baay'isee muraasa**
- Dhibeewwan miidhaa cimaa qaqqabsiisuu danda'an irraa **yaalamuun kan danda'amu** fi namoonni dhibee kana qaban baay'eenis fooyya'uu danda'u
- Faayidaan kan talaallii kanaa miidhaa inni qaqqabsiisu kamiin iyyuu caaleetu mul'ata

ODEEFFANNOO DABALATAATIIF DOKTEERA KEESSAN GAAFADHAA

Waa'ee talaalliiwwan COVID-19 fi talaalliiwwan kan biroo kan daa'immni keessan barbaachisu ilaalchisee caalmaatti hubannoo argachuuf dokteera mucaa keessanii narsii gaafadhaa.

